ati ummata wohii kan worra kitaaba kennaman irraa ta'anitti dhufta, yeroo isaan bira dhuftetti haqaan gabbaramaan Allaaha malee akka hin jirree fi dhugumatti Muhammad ergamaa Allaahaa akka ta'e gara Ragaa ba'utti isaan waami

Ibnu Abbaas irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Mu'aaz ilma Jabaliin yeroo gara yamanitti isa erganitti ni jedhaniin: ''ati ummata wohii kan worra kitaaba kennaman irraa ta'anitti dhufta, yeroo isaan bira dhuftetti haqaan gabbaramaan Allaaha malee akka hin jirree fi dhugumatti Muhammad ergamaa Allaahaa akka ta'e gara Ragaa ba'utti isaan waami yoo isaan sana kan sirraa qeebalan ta'e, guyyaa fi halkan hunda keessatti akka Rabbiin isaan irratti salaata shan dirqama taasise isaanitti himi, yoo isaan sana kan sirraa qeebalan ta'e, Rabbiin zakaa dureessowwan isaanii irraa fuudhamtee hiyyeessota isaaniitti deebitu dhugumatti dirqama akka isaan irratti taasise isaanitti himi, yoo isaan sana kan siif qeebalan ta'e, adaraa qabeenyawwan isaanii qaqqaalii irraa of eegadhu, kadhaa miidhamaa sodaaadhu, dhugumatti isaa fi Rabbiin gidduu girdoon hin jiruutii''.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-yeroo Mu'aaz ilma Jabaliin -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- gara biyya yamanitti gara Rabbiitti waamaa fi barsiisaa haala ta'een isa erganitti, uummata Nasaaraa irraa ta'an akka qunnamu isaaf ibsan; akka isaaniif qophii ta'uuf jecha, eegasii isaan waamuu keessatti irra yaachisaadhaan, eegasii irra yaachisaadhaan akka eegaluuf jecha. Jalqaba gara Aqiidaa sirreeffachuutti isaan waama; dhugaan gabbaramaan Allaaha malee akka hin jirree fi dhugumatti Muhammad ergamaa Allaaha akka ta'e ragaa ba'uudhaan. Isaan isiidhaan gara islaamummatti seenan waan ta'eef, yoo isaan sanaaf ajajaman salaata dhaabuutti isaan ajaja; waan isiin booda tawhiidaatii irra guddaa dirqamootaa taateef jecha. Yoo isii kan gadi dhaaban ta'e, dureessotni isaanii zakaa qabeenya isaanii hiyyeessota isaaniitiif akka kennan isaan ajaja, eegasii qabeenya isaanii caalaa fudhachuu irraa isa akeekkachiisan; dirqamni giddu galeessa waan ta'eefi. Eegasii miidhuu irraa akka fagaatu isaaf dhaaman; miidhamaan isa irratti akka hin kadhanneef jecha, kadhaan isaa qeebalamaa waan ta'eefi.